Of muudhuus ta'ee nama miidhuun hin jiru

Abuu Sa'iid Sa'ad ibnu Maalik ibnu Sinaan Al-khudrii irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Of muudhuus ta'ee nama miidhuun hin jiru».

[hasani] [رواه ابن ماجه والدارقطني وغيرهما مسندًا]

Nabiiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- miidhaa gosoota isaa hundaa fi amaloota isaa hundaa waliin lubbuu ofii fi namoota biroo irraas deebisuun dirqama akka ta'e ibsani, nama tokkoofuu, woluma qixatti lubbuu ofiis ta'ee kan nama biraa rakkisuun hin eeyyamamuuf. Akkasumas miidhaa miidhaan deebisuunis isaaf hin eeyyamamu; osoo haqa namaatti hin darbin karaa gumaa baasuutiin yoo ta'e malee, miidhaan miidhaan waan hin deemsifamneef.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/66531